**QACCEESSA WALDIDDAA FIILMII AMAANAA IRRATTI XIYYEEFFATE**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII GUUTTACHUUF DHIHAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIIMII FI QUNNAMTII,**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**QORATAAN: LALISAA TOLAA**

**GORSAAN: FILEE JAALLATAA (PHD)**

**HAGAYYA 2013/2021**

**FINFINNE**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII GUUTTACHUUF DHIHAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIIMII FI QUNNAMTII,**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**HAGAYYA 2013/2021**

**FINFINNEE**

## Galata

Duraan dursee Uumaakoo isa utuu ani hin dhalatin dura sadarkaa kana irra akkan ga’uuf naaf karoorsee ittiin na ga’e eenyuun gararraatti galata galchuufiin barbaada, galanni koo isaa haa ga’u. Itti aansuudhaan, maatiikoo karaa hundumaan nuffii tokko malee nattii dadhabanii sadarkaa kana irraan na ga'aan galateeffachaa.

Akkasumas fiilmii bakka inni afaan Amaariffaa ta’etti, afaan Amaariffaa irraa gara Afaan Oromoottii hiikuudhaan kan na gargaaran Masfiin Girmaafi Olaanaa Gammachuu baay'een galateeffadha. Itti dabalees,gorsaa koo yaadaafi beekumsa qabaniin nuffii tokko malee duub-deebii sirreeffamaa kan naaf kennaa turan Filee Jaallataa (PhD) galatnikoo guddaadha. Dhumarratti,barreeffamni kun bifa kanaan bareedee akka dhiyaatuuf barreeffama kompiyuuteraan kan na gargaare barataa Fileeraa Waakshumfi Masfiin Girmaatiif galatnikoo guddaadha.

## *Axeerara*

*Qorannoon Kun qaaccessa ergaa Fiilmii Amaanaa irratti kan xiyyeeffateedha.Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa immoo waldiddaa Fiilmii Amaanaa qaaccessuudha. Qorannoo kana galmaan ga'uuf mala qorannootti gargaaramuudhaani. Malli qorannoo an itti dhimma bahe immoo mala qorannoo addeessaati. Akkuma kana madda ragaan itti gargaarames qaba. Maddi ragaa an itti gargaaramee qorannoo kana geggeesses madda ragaa tokkooffaadha. Meeshaan funaansa ragaa qorannoo kana gaggeessuuf dhimma itti baane cheekliistii fayyadamuun Fiilmii Amaanaa irraa deddeebiin ilaaluun wantoota fiimii sana keessatti raawwataman sakatta'uun yaadannoo qabachuudha.Argannoon qorannoo kanaan argames waldiddaan fiimii Amaanaa siyaasa bu'uura godhachuun hawaasa keessatti ofitummaa,iccitii,abdiifi gara jabbina of keessa kan qabudha.Dabalatanis haala qabatamaa hawaasaan kan ibsu walgargaarsa, gootummaa ,ilaalchafi gaabbii kan of keessa qabudha.*

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


GALATA ..... I
*AXEERARA* ..... II
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1
1.1 Ariirrata ..... 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ..... 3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ..... 4
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ..... 4
1.3.2 Kaayyoo gooree ..... 4
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 4
1.5 Daangaa Qorannichaa ..... 5
2.1 Yaadrimee Hojii Kalaqaa ..... 6
2.3.1 Asoosama ..... 7
2.3.2 walaloo ..... 9
2.3.3 Fiilmii ..... 9
2.4 Yaadrimeewwan Fiilmii ..... 9
2.4.1 Fiilmii Tirajidii ..... 10
2.4.2 Fiilmii Gammachiisaa ..... 10
2.5 Amaloota Fiilmii ..... 10
2.6 Fayidaa Fiilmii ..... 11
2.7 Caacculee Fiilmii ..... 11
2.7.1 Taatoo ..... 11
2.7.2 Sabseenaa ..... 12
2.7.3 Ergaa ..... 12
2.7.4 Waldiddaa ..... 12
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO ..... 15
3.1 Saxaxa Qorannichaa ..... 15
3.2 Madda Ragaalee ..... 15
3.3 Mala Iddattoo Fi Iddatteessuu ..... 15
3.3.1 Iddattoo ..... 15

3.3.2 Mala Iddatteessuu ... 15
3.4 Mala Funaansa Ragaalee ... 15
BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO QACCEESSUU FI HIIKUU ... 17
4.1 Gosoota Waldiddaa Fiilmii Amaanaa Tarreessuu ... 17
4.1.1 Waldiddaa Keessaa ... 17
4.1.2 Waldiddaan Alaa ... 18
4.1.3 Waldiddaa Taatoo fi Taatoon Gidduu ... 18
4.2 Bu'uura Waldiddaa Fiilmii Amaanaa ... 24
4.2.1 Ofitummaa ... 24
4.2.2 Iccitii ... 25
4.2.3 Abdii ... 26
4.2.4 Gara jabbina ... 27
4.3 Waldiddaa Fiilmii Amaanaa Haala Qabatamaa Hawaasaan ... 28
4.3.1 Wal-gargaarsa ... 28
4.3.2 Gootummaa ... 28
4.3.3 Ilaalcha ... 29
4.3.4 Gaabbii ... 30
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO ... 31
5.1 CUUNFAA ... 31
5.2 Argannoo ... 31
5.3 Yaboo ... 32

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Ariirrata

Ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee, ogummaa hawaasni tokkoo haala jiruuf jireenya isaanii keessatti dhimma hawaasaa tokko irratti bifa sagalee dubbii afaanii hawwataafi filannoo jechootaa qabuun ittiin walbarsiisaniifi ittiin walbashannansiisaniidha.Kalaqni sammuu dhala namaa kuniisyaada sammuu ilma namaan kalaqamee bifa afaan dubbiifi barreeffamaan dhalootaa dhalootatti darba.Kalaqni sammuu ilma namaa midhagina aartii afaanii fayyadamee dhalootaa dhalootatti darbu kuniis hawaasa addunyaa kanaa keessatti baattuu aadaa, aartii duudhaa, afaaniifi eenyummaa ummataa ta'ee mul'isaas ture mul'isaas jira. Yaaduma kana barreeffamni deegaru; "Ogbarruun kalaqasammuu dhala namaa ta'ee, jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaniinis ta'ee,barreeffamaan miidhagsee kan dabarsuudha". Waa'ee ogbarruu Tafarriin(2013:8) yoo ibsu,"Ogbarruun gumbii aadaa,eenyummaa,siyaasaa,fi dinaagdee hawaasaa tokkooti"jedha.Yaada kanaarra kan hubannu ogbarruun dhimmoota hawaasaa kanneen akka aadaa,eenyummaa,siyaasaafi hawaasummaa hawaasaa ibsuu akka danda'uudha. Itti dabalees,Yaada kana Geetachoo (2008) akka ibsutti, ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee fedhii, gammachuu, gaddaafi kan kana fakkaatan walitti qindeessee akkaataa hawaasa barsiisuu danda'utti kan dhiyeessuudha.Yaaduma kana kan deggeru, Hiikni Ogbarruuf laatame, Ogbarruun kalaqa sammuu ilma namaati.Ogbarruu keessatti dandeettiin sammuu qooda olaanaa qaba. Sababni isaas, wanta dhiyeessuun barbaadame akka namni dhaggeeffatuu yookaan dubbisu gochuudhaaf karaa adda ta'een dhiyeessuuf shoora guddaa kan taphatu dandeettii sammuuti. Rabbirraa T. (2009)

Fedhasaa (2017:13) yaada kana irraa akka hubannutti, ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee kan afaaniifi barreeffamaan dhihaatu akkasumaas miidhagina aartii afaanii fayyadamuun bifa nama hawwatuufi miira namaa too'achuu danda'uun ergaa kan dabarsuudha. (Birhaanuu,2013:9) akka ibsutti, jechi ogbarruu jedhu kan inni ibsu, ogbarruun hojii uumee yookaan kalaqa sammuu ta'ee afaan miidhagina aartii gonfateen kan dhiiyaatu ta'uu isaa ibsa. Itti dabalees, (Zariihun,2009:3) akka jedhutti, ogbarruun hojii kalaqaa afaan ittiin dhiyaatu giddugaleessa godhachuun uunka garaagaraa fayyadamee waa'ee namoota, waan namootaan hojjataman, akkasumaas wantoota jiruuf jireenya keessatti nama mudatan dhugaan walqabsiisee

afaaniifi barreeffamaan miidhagsee kan dhiheessuudha jedha. Kanaafuu ogbarruun hojii kalaqa sammuu dhala namaa  ta’ee haala miidhaginaafi filannoo jechootaa qabuun jiruuf jireenya hawaasa tokkoo bifa barreeffamaafi afaaniin kan dabarsuudha. Akkasumas, Yaada kana Geetachoon (2008) akka ibsutti, ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee fedhii, gammachuu, gaddaafi kan kana fakkaatan walitti qindeessee akkaataa hawaasa barsiisuu danda'utti kan dhiyeessuudha.

Dhufteen jecha ogbarruu jedhuu jecha afaan ingiliffaa “Literature” jedhu irraa gara Afaan Oromootti kan hiikame yoo ta’u, jechi kuniis; jechoota lama Ogummaafi Barreeffama jedhu irraa walitti kan camadameedha. Hiikni isaas“Ogummaa barreeffamaa” jechuudha. Hiikni afaan Oromoon kennameef kuniis gara hawaasa oromootti yoo dhufu, ogbarruu oromootiif hiika ga’aa kan kennuuf yookaan bakka bu’u miti. Sababni isaas, jechi “Literature” jedhu gara warra Awuroophaa irraa waan asdhufeef, warra sana biratti ogbarruun wanta barreeffame qofa waan ta’eef, ogbarruu oromoon kan walgituu miti. Ogbarruun oromoo hojii kalaqa sammuu ta’ee ummata oromoo biratti harka caalu afaaniin dhalootaa dhalootatti waliif dabarsaa dhufan waanta’eef, akka kan warra dhihaa wanta barreeffame qofaa miti jechuudha.

Yaada armaan olii kana Fedhasaa (2013) yoo ibsu, jechi ogbarruu jedhu jecha warra dhihaa “Literature” jedhu irraa gara afaan oromootti waan jijjiirameef ogbarruu oromoof hiika guutuu hin laatu. Sababni isaas, ogbarruun baattuu aadaa, duudhaa, seenaa, safuu, amantaafi falaasamaa waan taateef, hawaasa barreeffamaan guddate waan hin taaneef baattuu kana afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarfachaa asiin ga’e waan ta’eef hiikni kun ogbarruu oromoo bakkahin bu’u jechuun ibsa. Kanaafuu hiikni ogbarruuf kenname kun  ogbarruu oromoo dhibbaa dhibba kan ibsu miti jechuudha.  Gooroo ogbarruu ilaalchisee Beekaan(2013:8)  yoo ibsu,"Uummanni aadaa barreessuu him qabne afoola yoo qabaatuu;Uummanni aadaa barreessuu qabu ogbarruu barreeffamaa qaba"jedha.

Walumaagalatti,og-barruun ogummaa kalaqa sammuu ilma namaa ta’ee aadaa,duudhaa, falaasama, haala jiruufi jireenya  hawaasa tokko  baasee kan calaqqisiisudha. Haala dhiyaannaa isaa irratti hundaa’uun og-barruun bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis: Ogbarruu barreffamaafi  Og-afaan(afoola)dha. Fedhasan(2013:29) Og-barruu yoo ibsu, “ Bifa  ittiin dhiyaatu irratti  hundaa’uun  bakka gurguddaa lamatti  qooduu dandeenya . Isanis Og-barruu barreefamaafi Ogbarruu afoolaati.

Og-barruu barreffamaa kanneen jedhaman kalaqa sammuu ilma namaa barreffamaan taa'anidha.Fedhasaa(2013:30) yaada kana akka ibsetti ogbarruu baarreeffamaa kan jedhamu kalaqa sammuu ilma namaa ta'ee kan waraqaa irratti katabamuun dubbistootaaf deebi'ee dhiyaatudha.Og-barruu barreeffamaa kanneen jedhaman immoo asoosama, walaloo, diraamaafi fiiilmiidha.Fiilmiin gosa ogbarruu barreeffama keessa isaa tokkodha. Fiilmiin hojii kalaqa yookkiin ogummaa ilmaa namaa ta'ee hojjetamuun hawaasaaf yookaan daawwattootaf kan dhiyaatudha.

Akka Fedhasaan (2013:89) ibsutti,"Fiilmiin gosa og-barruu barreeffamaa taatoon waltajjiiratti do'attootaaf dhiyaatufi aartii baay'ee midhaagina qabuu fi haaraawaa ta'ee hubannoon waliigala kan kennudha"jedha.Akkasumas yaada kana walqabsiisuun Misgaanuun (2012:21) yoo ibsu"fiilmii keessatti taatoonni amantaa, aadaa, gadda, gammachuu, jaalalafi jiruu fi Jirenya hawaasa bara sana ilaalchiise akkasumas fiilmii sana irratti hundaa'e ergaa kan dabarsuudha"jedha.Yaada kanarra kan hubatamu taatoonni addunyaa fiilmii keessatti dhugaa hawaasa keessa jiru tokko ka'umsa godhachuun gocha fi yaada isaa dhugaa mul'isuu danda'uun kan ergaa qabatamaa hawaasa jiru kan dabarsuudha. Haalumma kanaan fiilmiin tokko caaccuulee adda adda irraa ijaaarama. Akka Misgaanuun (2012:21) yoo ibsu,"caaccuuleen fiilmii seenaa, taatoo ofiin dubbii,waliin dubbii, ergaa, yoomessa fi waldiddaadha"jedha. Caaccuuleewwan kanneen keessaa qorannoonkun waldiddaa fiilmii Amaanaa qaacceessuu irratti kan xiyyeeffatudha.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf ka'umsi barbaachiisadha.Akkasumas faayidaa qabeessummaa fi qulqullina isaa dabaluuf qaaccessi barbaachiisaadha. Og-barruun Oromoo yeroo dhiyoo as bifa barreeffamaan mul'achuu erga eegalee haalaan babal'achaa jira. Og-barruu barreeffamaa kanneen jedhamanis kannen akka diraamaa, fiilmiifi asoosamaadha.Ogbarruu barreeffamaa keessaa kan akka fiilmii irratti qorannoon gaggeeffamee jira.Inni jalqaba qorannoo qorattuun Shukkaree bara 2010n fiilmii Afaan oromoo Eelaa jedhamu jaargocha irrati qaacceessitefi barataa Jibril Adam bara 2011n wal diddaa

Fiilmii Afaan Oromoo Daawwitii Jireenyaa irratti hojjeteefi, Inni lammaffan immoo, qorannoo Magarsaa fi kanneen biroo fiilmii Eelaa ergaa irratti bara 2009 hojjetaniiru.Kanarra ka'uun hanga qorannoo garaagaraa sakatta'eetti qorannoon fiilmii Afaan Oromoo Amaanaa irratti

gaggeeffame hinjiru. Kana irraa ka’uun fiilmii afaan Oromoon qophaa’an keessaa Fiilmii Amaana filaachuun waldiddaa isaa irratti qorannoo akka gaggeessuuf na kakaase. Dabalataanis Fiilmiiwwan afaan Oromoon qophaa’anii hawaasaaf darban keessaa Fiilmiin Amaanaa fiilmii dheeraafi  hawaasa Oromoo biratti fudhatama guddaa argatedha.

Anis kanumarraa ka’uun Fiilmii Amaanaa filachuun caacculee isaa keessaa waldiddaa isaa qaaccesserra. Haaluam kanaan qorannoon kun gaafilee armaan agdii deebsiuuf qaaccefamee jira.

## 1.3Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon tokko kaayyoo dhiyaatuuf qaba. Akka walii galaatti  kaayyoon qorannoo kanaa caacculee Fiilmii Amaanaa keessaa waldiddaa qaaccessuudha. Kaayyoon  kun  immoo kaayyoo gooroofi  kaayyoo gooreetti qoodamu.

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa waldiddaa fiilmii Amaanaa qaaccessuudha.

### 1.3.2 Kaayyoo gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa kannneen armaan gadiiti.

- Gosoota waldiddaa fiilmiiAmaanaa tarreessu.
- Bu'uurra waldiddaa fiilmii Amaanaa ibsuu.
- Waldiddaan fiilmii Amaanaa haala qabatamaa hawaasaan addeessuu.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon Kun faayidaa armaan gadii ni kenna.

- Namoota gara fulduraatti dhimma mata duree kanaan walitti dhufeenya qabu irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif qorannoo kana yoo argatanii dubbisan akka wabiitti itti fayyadamu.
- Namoota waa’ee Fiilmii barreessuu barbaadaniif qorannoo kana argatanii yoo dubbisan akka madda ragaattigargaaru danda’a.
- Namoota waldiddaa Fiilmii Amaanaa hinhubatiiniif qorannoo kana yoo dubbisan waldiddaa fiilmicha keessatti darbu gadifageenyaan Ni hubatu.

- Daawwattoonni fiilmii Amaanaa taatootan hojjetamanii fi dhugaa addunyaa walitti fidanii akka waliin madaalaniif hubannoon kenna.

## 1.5Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun gosoota ogbarruu barreeffama keessa fiilmii irratti kan xiyyeeffatedha.Fiilmiin kunis fiilmii Amaanaati.Fiilmiin Amaanaa barreessa Gammadoo Jamaaliin bara 2014 Afaan sadiin (Afaan Oromoo, Afaan Amaarafi Afaan Ingiliffaan) kan barreeffamedha.Fiilmiin Kun caacculee hedduu of keessa qaba.Garuu bal'ina qabiyyeefi hanqina yeroorraa Kan ka'e al tokkootti caacculee fiilmii kana hundaarratti qorannoo adeemsisuun ni ulfaata.Kanaafuu, qorannoon kun qaacceessa waldiddaa fiilmii Amaanaa irratti kan daangaa'eedha

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII

## 2.1 Yaadrimee Hojii Kalaqaa

Hojiin kalaqaa hojii uumeefi kalaqa sammuu namaati. Asaffaa( 2009) akka ibsutti, Hojiin kalaqaa argaa yaadaa ta'ee, waan afaanumaan ibsamuufi kan barreeffamaan taaheefi hojii uumee kan hin ta'in irratti waan afaan Oromootiinis ta'e afaan biroon barreeffamee maxxanfamee jiru hojii kalaqaati. Fedhasaan(2013:1) yoo ibsu , "hjiin kalaqaa hiikaa adda addaa qaba.Kunis ilaalcha beektonni madda jecha sanaaaf qaban irraa burqe.Jechi og barruu jedhus hiikuma sana qabatee gara barreeffama kalaqa Oromoo seene ," jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, jechi og barruu jedhu jecha literature ' jedhu irraa kallattumaan gara afaan Oromootti kan hiikame ta'uufi og barruun waan barreeffamaan jiru qofaatti akka daanga'u taasisuusaati.

Og- barruunfi kalqni kan wal-utubu ta'ee, waa'ee namaa ta'ee namootaan qindaa'ee namootaaf kan dhiyaatu ta'uusaati. Og -barruun waa'ee namaa ta'uun isaa hayyoonni dirreewwan qorannoo adda addaa keessatti argaman og barruuf hiika kallattii adda addaan akka kennan isaan taasiseera. Hayyuuleen ogbarruu mataa isaaniitiin akkaataa isaaniif mijatetti hiika waan itti kennaniifidha.Kana jechuun hayyoonni yaada walii fudhachuuf qophii ta'uu dhabuudhaan wal qabata. Fedhasaan(2013:3) yoo ibsu," Sababni hayyoonni warri dhimma og barruuf hiika walfakkaataa kennuu dadhabbiif og barruun jiruuf jireenya dhala namaan kan wal qabate hunda waan ibsuuf og barruu kana jechuun hiika walfakkaatu kennuufiin akka hin danda'amnedha.

Asafaan(2009:20) waa'ee og-barruu yoo ibsu," Ogbarruun kalaqa sammuu ta'ee jechoota filatamaadhaan yaada barbaadan afaaniinis ta'e barreffaman mi'eessee yookaan miidhagsee dabarsa.Kanaafuu,waan barreeffamus waan himamus ni dabalata,"jedha.Yaada hayyuu kanaarraa kan hubatamu,kan afaaniinis ta'e barreeffamaan yaada barbaadan ittiin dabarfatan ogbarruu jedhama yaada jedhu of keessaa qaba.

## 2.2 Ruqoolee Hojii Kalaqaa

Hojiin kalaqaa gooroowwan gurgudda lama of keessa qaba.Isaanis:Hojii kalqaa barreeffamaan dhiyaatuufi fi kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa dabarsaan darbaa deemudha..kanaaf qorannoon kun gooroowwan hojii kalaqaa keessaa hojii kalqa barreeffamaa keesssaa fiilmii

irratti kan xiyyeeffatudha. Gooroo ogbarruu(hojii kalaqaa) ilaalchisee Beekaan(2013:8) yoo ibsu,"Uummanni aadaa barreessuu him qabne afoola yoo qabaatu;Uummanni aadaa barreessuu qabu ogbarruu barreeffamaa qaba"jedha.Yaada kanarraa kan hubannu gooroon ogbarruu(hojii kalaqaa) afoolaafi ogbarruu barreeffamaa jedhamuun bakka lamatti qoodamuusaati.Gosoota Barreeffamaa Ogbarruun barreeffamaa kalaqa sammuu ilmaa namaa barreeffamaa jiru hunda hammata.Ogbarruun waan barreeffama jiru hunda osoo hintaane,waan kalaqa sammuu dabalatu qofa.Innis,ulaagaa ittiin adda ta'u qaba.Ogbarruun(hojiin kalaqaa) barreeffama bifa midhagina qabuun sammuu namaa hawwatuun kan kalaqamuudha .

## 2.3 Gosoota Hojii kalaqaa

Hojiin kalaqaa bal'innaa fi uumama isaatiin yoo ilaalame bakka gurguddoo lamatti qoodama.Isaanis Kalaqa barreeffamaan taahuufi Kalaqa afoolaati.Yaada kana ilaalchise fedhaasaan(2013)akka ibseetti, ogbarruun hojii kalaqaa afoola fi barreeffama hammatuudha Hojiin kalqaa kalaqa sammuu ilma namaa tahee ogummaa dandeettii aadaa,falaasamaa fi haala jiruu fi jireenya dhageettii keessoo ofii gaddaa fi gammachuu qaban kan ittiin ibsataniidha

Akka yaada kanarraa hubatamutti hojiin kalaqaa miira keessa keenya jiru, Gadda, gammachuu, aadaa, barsiifataafi kan kana fakkaatan arga yaadaatiin arguudhaan bifa kalaquutiin kan mullatudha. Gosoonni hoii kalaqaa kun immoo Asoosama, Walaloo, fiilmiifi kanneen biroonis jiru.

### 2.3.1 Asoosama

Asoosamni akaakuu ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee seeneffama sababaa fi bu'aa bu'ureffate tartiiba ta'insoota fi raawwilee garaagaraa kanneen akka namfakkiilee, yoomessa, waldiddaa, qoodattootaan, gochi ijaaramaa kan qindaawaa deemuudha.

Asoosama jechuun wanta tokko osoo hin taane wanta ta'uu danda'u waan dhugaa fakkaatu jechuudha.Addunyaa akka waan harkatti qabatanii namatti fakkeessa.Warra hin beekne wajjiin akka boowan, gammadan, gaddan, rakkatanii fi dhiphatan nama taasiisa. Jechoota salphatti fayyadamee waan barreeffamuuf dubbisuun isaa nama hawwachisa.

Kana malees asoosamni yaada dubbisa fi barreessa walitti fiduu qofa osoo hin taane, namoonni yaada sammuu isaaniitin akka burqisiisaan isaan godha.Yaada kana ilaalchise Meryer (1997:11-

12) irratti akka ibseeti dhugummaan dubbisa fi barreessaan hojii kalaqaa tokko uumu.Yaada kanarraa wanti hubatamu hojiin dubbiisa fi barreessa inni guddaan wanta tokko bifa haaraa yookaan kalaqaa qabuun kalaquun ka’uudha.Asoosama bakka lamatti qonne ilaaluu dandeenya isaaniis asoosama dheeraa fi gababaadha.

### 2.3.1.1 Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaabaan gosoota asoosamaa keessaa tokko ta’e hojii kalaqa sammuu bifa hololoon dhiyaatuudha. Asoosamni gabaabaan qabiyyeen asoosama dheeraa gadi ta’ee yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee dhumuu kan danda’uudha. Akka Misgaanuu (2012:1) ibbsutti asoosamni gabaabaan waan dhiyeessuu barbaade sana qofa dabarsa jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu asoosamni gabaabaan dhimma qabatee ka’e sana qofa ariitiin dabarsa malee akka asoosama dheeraa dhimmoota dhimmoota adda addaa keessa kan seenu miti.Akka Wasaneen (2008) ibsutti ,Asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa ta’ee daqiiqaa soddomaa hanga sa’atii lamatti dubbifamee kan xumuramuudha.waan dhalli namaa addunyaa kanarratti hojjetu yoo sirriidha ta’ee kan jajjabaeessan yoo dogoggora ta’emmoo qeequunkan sireessu ta’eedha.kanaafas asoosama jechuun seenessaa sammuu barreessaa keessatti uumamee barreeffama hololoon dhiyaatudha.

### 2.3.1.2 Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan seenessaa bal’aa kan of keessa qabuu waan ta’eef akka hojii kalaqaatti kan fudhatamudha.Tartiiba ta’iinsa muuxannoo ilma namaan walqabsiisee kan dhiyeessudha.Waan fedheefis ta’ee asoosamni dheeraan kalaqa seenessa hololoo dheeraa namaa fi amaloota, raawwilee dinqisiisaa fi hawwii haala dhokataa ta’een yookan fuuldura waraabameen fedhii fi muuxannoo namoota kan dhiyeessudha. Yaada kana ilaalchise misgaanuun(2011:108) irratti akka ibseeti asoosama dheeraa qaacceessuu keessatti waan guddatu qaacceessa irraa eegama.Akka asoosama gabaabaa,walaloo fi barruu xiqqoo tokko waan hin taneef nama qaacceessuu tokko keessatti miira hedduu uuma.Asoosama dheeraa qaacceessuun hagam dadhabsiisa yoo ta’ee iyyuu waa hedduu baruu fi hojjechuuf carraa guddaadha.Sababni isaas ergaawwan gurguddoo fi xixxiqqoon waan keessatti argamanifidha.Yaada kanarraa wanti hubatamu asoosamni dheeraan seenessaa bal’a qaacceessi isaa hojji cimaa gafaatu fi akka asoosama gabaabaa ergaa gabaabaa qofa kan hin qabne fi ergaa gurguddoo fi xixxiqqoos of

keesaati kan hammatu akkasumas nama asoosama dheeraa qaacceessuuf barnoota hedduu kan dabarsuu muuxannoo hojii cimaa kan kennuudha.

### 2.3.2 walaloo

Akka Wasanee (2008) ibsutti,walaloon akaakuuwwan barruu keessaa umurii dheeraa kan qabu ta'e kan jechootni keessatti barreeffamaan walitti qindaa'anii bifaa yaadfakkiitin erga wanta tokkoo sammuu nama keessatti uumanidha.Itti dabaaluunis ,walaloo dhalli namaa ergaa yaadan muxxannoo isaa,taatee isaa quunnamefi yaada sammuu isaa keessatti uumame jechoota filaatamoofi qindaawoo kan miira namaa hawwachuu dandanitti fayyadamuun sagaalee miidhagaa ta'ee kan itti ibsanidha jechuun ibse.kanaafuu walaloo himoota gaggabaaboofi qiqindaa'ootti fayyadamuun ergaa bal'aa ta'e

tokko karaa ittin dabarsan akka ta'e ibseera.Gama biraatiin akkuma barruu, walaloonis dameewwan xixiqqoo adda addaa of jalaa qaba.isaanis sirba,walaloo,faaruu geerarsafi kk fakkatanidha Fedhasaa (2013).

### 2.3.3 Fiilmii

Fiilmiin ogbarruu barreeffamaa keessa tokko ta'e beekumsaafi muuxannoo akkasumas jiruu fi jireenya dhala namaa dhaloota hanga du'atti kan jiru kan ibsudha.Yaada kana Fedhaasan(2013:89)yoo ibsu,"fiilmiin gosa ogbarruu ta'e taatootaan waltajjiiratti do'attootaaf kan dhiyaatu fi kalaqa sammuu ilma namaa ta'ee;aartii sochii qaaman Wal qabate daawwattootaf kan dhiyaatu dha"jedha.Taatoonni addunyaa fiilmii keessatti akkuma namoonni addunyaa dhugaa keessatti waan jiruufi jireenya isaanii keessatti mudatuufi qunnamu heddu qabu. Misgaanuun(2012:11) yoo ibsu,"taatoota ilaalchiise amantaa,aadaa akkasumas fiilmii sana irratti hundaa'e calaqaisiisuun ergaa kan dabarsuudha "jedha.Yaada kanarra kan hubannu taatoon addunyaa fiilmii keessatti dhugaa hawaasa keessa jiru tokko ka'umsa godhachuun gochaufi dhugaa hawaasa keessa jiru mul'suun ergaa qabatamaa kan dabarsaniidha.

## 2.4 Yaadrimeewwan Fiilmii

Hawaasni oguma qabu tokko jiruufi jireenya isaa keessatti muuxannoo yeroo dheeraa booda kan argate yookaan uummatedha.Ogumni hunduu adeemsa jireenya salphaa fi tasgabbiin guutamee, kan nama gammachiisuufi nagaa qabeessa gochuuf kan fuulleffateedha. Ogumni kun immoo faayidaa hedduu kan ofkeessaa qabudha. Kanaafuu, fiilmiin gosa ogbarruu keessaa

tokko kan ta’eefi hojii kalaqaa yookiin ogummaa ilma namaa ta’ee hojjetamuun hawaasaaf kan dhihaatudha.Fiilmiin haala jiruufi jireenyaa hawaasa tokkoo sammuu barreessaan kalaqamee taatota itti uumee daawwattootaaf kan dhihaatudha.Kanaaf fiilmiin tooftaa jiruufi jiireenyaa karaa ittiin ibsatan jechuudha.

Sabni Oromoo yeroo dhihoo as kan inni sirna barreffama mataa isaa hojjechuun itti fayyadamuu eegale.Maalummaafi umuriin fiilmiis akkuma og-barruu biroo seenaa afaan oromoo keessatti xiqqaa fi yeroo dhihoo eegaluu isaati .Fiilmiin aartii tiyaateraa gidduu isaatti wal qunnamtii yookiin walii galtee cimaan argamudha.Waliigalteen kun immoo karaalee bakka bu’insaa fi akkeessa amala dhala namaatiin argama.Akkasumas,kka tapha ijoolleen haadhaa fi abbaa ta’anii uumanii taphataniitti ilaalama. Fiilmiin og-barruu barreffamaa keessaa tokko ta’ee beekumsaa fi muuxannoo dhala namaa , jiruu fi jireenya dhala namaa keessatti dhalootaa kaasee hanga du’aatti kan jiru bal’inaan kan ibsudha.Kunis wanta addunyaa dhugaa keessatti dalagamuufi jireenya ilma namaa keessatti mudateefi mudachuu danda’u kan agarsiisudha.

### 2.4.1 Fiilmii Tirajidii

Fedhaasan (2013:90)yoo ibsu," seenaan fiilmii Tirajidii sodaa,naasuu,jibba,abdii kutanna,gadda fi gadaadoon guutamedha"jedha.Yaada kanarra kan hubannu dararamni fi dhiphinni,rakkina sukkanneessan namoota qajeelota mudatantu argama.

Kanaafuu addunyaa fiilmii Tirajidii kan haqni keessatti jal'ate,qajeelummaan bakka hin qabne fi kan jal'oonni keessatti milkaa'aniidha. Fiilmiin Tirajidii gocha nama gaddisiisuun kan xumuramudha.

### 2.4.2 Fiilmii Gammachiisaa

Gosti fiilmii Kanaa kan dhumni isa daawwattoota gammachiisaa,kofalchiisuu,fi aja'ibsiisuudha.Fedhaasan (2013:91) yoo ibsu, "gosti fiilmii gammachiisa kun milkaa'ina argachuu taatoo gudda irratti hundaa'a" jedha.

## 2.5Amaloota Fiilmii

Fiilmiin ogumoota biroorra amala adda ta'e qaba. Amaloonni kunis;yeroo tokkootti dubbifamuu, gochawwan, mul’atawwan, sochiiwwanii fi kutaawwaniitti qoodamun kan raawwatamudha.wasane, (2008)

## 2.6 Fayidaa Fiilmii

Fiilmii kana keessatti filannoo ga'eela,qarshii liqeeffannaa,walitti dhufeenya maatii fi ijoollee irratti xiyyeeffata. fiilmiin tooftaa jiruufi jiireenyaa karaa ittiin ibsataniidha.Fiilmiin ogbarruu barreeffamaa keessa tokko ta'e beekumsafi muuxannoo akkasumas jiruufi jireenya dhala namaa dhaloota hanga du'atti kan jiru kan ibsudha.Yaada kana Fedhaasan(2013:89)yoo ibsu,"fiilmiin gosa ogbarruu ta'e taatootaan waltajjiiratti do'attootaaf kan dhiyaatu fi kalaqa sammuu ilma namaa ta'ee;aartii sochii qaaman Wal qabate daawwattootaf kan dhiyaatu dha"jedha.Taatoonni addunyaa fiilmii keessatti akkuma namoonni addunyaa dhugaa keessatti waan jiruufi jireenya isaanii keessatti mudatuufi qunnamu heddu qabu. Misgaanuun(2012:11) yoo ibsu,"taatoota ilaalchiise amantaa,aadaa akkasumas fiilmii sana irratti hundaa'e calaqaisiisuun ergaa kan dabarsuudha "jedha.Yaada kanarra kan hubannu taatoon addunyaa fiilmii keessatti dhugaa hawaasa keessa jiru tokko ka'umsa godhachuun gochaafi dhugaa hawaasa keessa jiru mul'suun ergaa qabatamaa kan dabarsaniidha.

## 2.7 Caacculee Fiilmii

Fiilmiin tokko caacculee adda addaa irraa ijaarama.Caacculewwaan kunneenis kanneen akka taatoo, sabseenaa, ergaafi waaldiddaa dha.Misgaanuu,(2012).

### 2.7.1 Taatoo

Taatonni addunyaa fiilmii keessatti akkuma namoonni addunyaa dhugaa keessatti waan jiruufi jireenya isaanii keessatti wantoota hedduu isa qunamuufi mudatudha. Misgaanuu (2012) yaada kana yoo ibsu, “ Qooddataa ilaalchisee amantaa , aadaa , akkasumas, jiruufi jireenya hawaasa bara sanaafi fiilmii sana irratti hundeeffame calaqqisiisuun ergaa dabarsuudha.,” jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti qooddataan addunyaa fiilmii keessatti dhugaa hawaasa keessa jiru tokko ka’umsa godhachuudhaan gochaafi yaada mataa isaa haala dhugaa mul’isuu danda’uun kan ergaa qabatamaa hawaasa keessa jiru dabarsuu qabanidha.Taatoon qooddattoota dirree fiilmii keessatti argamanidha.Kunis namoota fiilmii keessatti maqaan itti mogga’ee foon uffatanii amala adda addaa qabaachuun akkuma nama isa dhugaatti addunyaa kana irra lubbuudhaan jiruu kan dubbatan, kan gaddaan, kan dhukkubsatan kan, gammadan , kan jibban , kan jibbaman , kan jaalatan, kan jalataman, kan nyatanii fi kan dhugan ta’anii namoota addunyaa fiilmii keessatti argamanidha.Taatoonni kunis kayyoo isaan galmaan ga’uuf yommuu tattafatan gufuu yookan rakkinni kan isaa

mudatudha. Taatoonni battaluma seenaa fiilmii keessatti hirmaachuu eegalaniin eenyummaa fi maalummaan isaanii kan baraamudha.

### 2.7.2 Sabseenaa

Sabseenaan walitti hidhaminsa raawwilee sababa quubsaa irratti hundaa'anii yookiin ijaarsa gochaa kanneen sababaafi bu'aa qabaniiti. Yaada kana Melakneh,(2006:31) yoo ibsu"Plot has been defiend as the sequence of incidents events of which story is composed".Kana jechuun sabseenaan isa duubaafi kan fulduraa akkaataa walitti hidhuu danda'uutiin kan ijaaramu jechuudha.Kana malees,duraa duubummaa ta'iinsa tokkooti jechuudha.

### 2.7.3 Ergaa

Ergaan Fiilmii waan jiruufi jireenya dhala namaa keessatti haala qabatamaan waan nama mudatuu fi mudachuu dandanda'u kallattiifi alkallattiin kan darbu yookaan mul'atudha. Misgaanuu,(2012:27) yaada kana yoo ibsu,"Fiilmii ergaa dabarfachuu barbaadeen madaalama,"jedha. Kana jechuun fiilmiin tokko kan hawaasa yookaan daawwattoota biratti jaalatamu yoo ergaa dhandhama qabu of keessatti hammatedha.Akka waliigalaatti immoo ergaan kallattiifi alkallattiin darbuu danda'a.Ergaan kallattiin darbu kan namfakkiin addunyaa fiilmii keessatti fedhii qooddattotaafi gochi isaan raawwatan ifa kan ta'edha. Ergaan alkallattiin darbu immoo kan alkallattiin fiilmicha keessatti argaman yookaan mul'atanidha.Kana jechuun ergaan darbu waan biroon haguugamee karaa dhokataan ergaa kan dabarsudha. Ergaa kanakan hubatan warreen hubannoo qaban yoo ta'e malee namni hundi hubachuu

### 2.7.4 Waldiddaa

Fiilmii keessatti Wal mormii yookaan walitti bu'iinsa Nam fakkiilee kan uumamuudha.Akkasumas dagaagina seenaa gara fulduraaf bu'aa guddaa kan buusuudha.Caaccuulee fiilmii armaan olii keessa qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu waldiddaa dha.

#### 2.7.4.1 Maalummaa waldiddaa

Waldiddaan walitti bu'iinsa yookiin waliigala galtee dhabuu namoota gidduudha uumamu jechuudha. Fedhasaan (2013:79) yoo ibsu,"jireenya dhugaa keessatti namoonni bu'aa ba'ii jireenya hedduu waliin wal'aansoo wal qabaa kan oolu jiraachuuf yookaan fedhii guuttachuuf

namoota gara garaa waliin hariiroo kan Nam fakkoota gidduutti uumamuudha kan adeemsifamuudha.

#### 2.7.4.2 Gosoota Waldiddaa

Fedhasaan (2013:79) yoo ibsu,"waldiddaan gosoota gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis: waldiddaa keesssaa fi waldiddaa alaati," jedha.

##### 2.7.4.2.1 Waldiddaa Keesssaa

Waldiddaan keesssaa taatoon tokko yeroo sammuu isaan walitti bu'iinsa taasisuun kan uumamuudha.Keessumaa taatoon guddaan kaayyoo isa galmaan ga'uu irratti yommuu sammuu isaan wal dhabuu kan uumamuudha.

Yeroo sana sammuu isaa nan raawwadhaa fi hin raawwadhuu jechuun karaan kan daanquu yookaan karaan bal'aate kan itti dhufuudha.Yaada kana Fedhasaan(2013:80) yoo ibsu,"waldiddaan keesssaa kan taatoonni gara itti goran dhabanii dhaabatanii ofitti falmu,ofiin aasa'u,daawwattoonni murtoo dhuma irraa dhaga'uuf wargamanii fi dawwattaniis itti gammadu yookaan ni gaddu" jedha.Kanaafuu waldiddaan keessaa sammuu daawwattoota hawwuu keessatti ga'ee taphaatu qaba jechuudha

##### 2.7.4.2.2 Waldiddaa Alaa

Waldiddaan Alaa mormi taatoo bu'aa ba'ii jiruu fi jireenya isaanii keessatti nanamaa fi naannoo isaanii irraa itti ka'uudha.Waldhabdeen uumamuudha sammuu ofii wajjiin osoo hin ta'uun taatoo yookaan wantoota biroo waliin uumamuudha.waldiddaa  alaa jedhama.Haaluma kanaan waldiddaan alaa bakka afuriitti qoodama.Isaaniis:waldiddaa taatoo fi taatoo gidduu,waldiddaa taatoo fi hawaasa gidduu,waldiddaa taatoo fi uumama gidduu fi waldiddaa taatoon ofii isaan taasisudha.

##### 2.7.4.2.3 Waldiddaa Taatoo fi Taatoo

Waldiddaan haala kanaan uumamu gosa wal hinaafuu fi yaadaan wal dhabuurraa Kan uumamuudha. Wal simannaa Yaadaa dhabuurraa Kan ka'ees waldiddaan taatoo guddaa fi masaanota gidduutti uumama.Fedhasaan (2013:80) yoo ibsu,"masaannoonni guyya hundumaa kaayyoo taatoo gudda gufachiisuu fi tarsiimoo baafatan yoo fashalaa'es abdii osoo hin kutatin amma addunyaa sanarraa isa dhabamsiisanitti adeemu,"jedha.Gochi isaan raawwatan sammuu

daawwattoota Kan dhiphisuu fi maaltu ta'innaan utuu muddamanii fiilmiicha ilaalanii xumuru.Kanaafuu waldiddaan Kun gocha raawwatamu fuldura adeemsisuu fi gahee Olaanaa Kan qabudha.

#### 2.7.4.2.4 Waldiddaa Taatoo fi Hawaasa

Akka Fedhasaan (2013:80) yoo ibsu,"waldiddaan gosa akkanna mormii taatoo tokko aadaa, dhuudhaa, heera fi seera hawaasa keessa jiraadhu waliin godhudha,"jedha.Aadaa fi duudhaan hawaasniittiin jiruusaa qajeelfatu ammoo fedhii dhuunfaa Sana daangessuu danda'a.Kana immoo taatoo fudhachuu dhiisuun waldiddaa uuma.Akkasumas Yaada fi ilaalcha hawaasa balaaleffate;Kan fedhe raawwachuuf wargama.Kun ammoo hawaasa fi taatoo gidduutti waldiddaa uuma

#### 2.7.4.2.5 Waldiddaa Taatoo Fi uumamaa

Fedhasaan (2013:81) yoo ibsu,"addunyaa Kun taatee uumamaan ta'atamtee fi humni ximaan ishee hogganus bakka hunda akka jiru balaan uumamaan dhufu wal qabate jireenya dhala namaa darara" jedha.Akkasumas beelli, balaan qilleensa, namaa rooba, goginsii, cabbii, kirkirri lafaa, dhukkubnii fi wantoonni Kana fakkaatan kaayyoo dhala mamaatti gufuu ta'uu Kandanda’uudha.Kanaaf taatoonniKandamdamachuuf bu’aanii ba’u.Kunis waldiddaa isaan uumaa fi uumamaan waliin godhan Kan mul'isuudha.

#### 2.7.4.2.6 Waldiddaa Taatoon Ofuma isaa Waliin Taasisu

Fedhii hedduun al tokkootti sammuu taatootti dhufuun Kan uumameedha.

Misgaanuun (2012:23) yoo ibsu,"taatoonni wants raawwatamu qabu fi kan dhiifamu walallaaluu yookaan murteessuu dadhabuurraa kan ka'e;kana moo sana wayya? Jedhu moo dhiisu? Asiinimoo achiin naaf wayya?fi kan Kana fakkaatan waan sammuutti dhufuu taatoon ofuma isaa waliin wal dhabuudha" jedha.Kanaafuu, waldiddaan gosa Kanaa xiinsammuutiin dhiphachaa,ofumaa yaada isaatiin gungumaa yookaan ofiin oddessa mataa ofiin waliin yeroo itti wal mormu Kan uumameedha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuu keessatti gosti qorannoo dhimma itti bahame gosa qorannoo akkamtaati.Sababni isaas odeeffannoon walitti qabame jechaan waan ibsuufidha.

### 3.2 Madda Ragaalee

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu madda ragaa adda addaatti fayyadamuun adeemsifama.Kanaaf qoratan kunis maddoota ragaa keessaa madda ragaa tokkoffaatti dhimma baheera.Maddi ragaa tokkoffaan odeeffannoo waliigalaa qoratan kaayyoo hojii isaa yeroo wantichi raawwatu odeeffannoo fudhatudha.Kanarraa ka'uun qorata kunis fiilmii Amaanaa gadii fageenyaan ilaalaa dhaggeeffachaa odeeffannoo sassaabate qaaccesseera.

## 3.3 Mala Iddattoo Fi Iddatteessuu

### 3.3.1 Iddattoo

Iddattoon kanneen akka odeeffannoo irraa funaanamuuf jama qorannoo keessa filatamaniidha.Kanaaf iddattoon qorannoo kana fiilmiiwwan jiran mara keessa fiilmii Amaanaati.Kunis waldiddaa isaa kan qaacceeffamedha.

### 3.3.2 Mala Iddatteessuu

Malli iddatteessuu qorannoo kana gaggeessuu keessatti dhimma itti bahame mala iddatteessuu carraan miti keessaa mala ta'eessaa yookiin kaayyeffataatti dhimma baheera..Sababni isaas caacculeewwan Fiilmii Amaanaa keessaa ta'e jedhee waldiddaasaa filachuun qaaccesseera.

## 3.4 Mala Funaansa Ragaalee

Galma ga'iinsa qorannoo tokkootiif meeshaalee ragaan ittiin funaanaman garaagaraa fayyadamuun amanamummaa oddeeffannoo tokkoo cimsuuf akka ta'u ni beekama. Haaluma kanaan qorannoo kana gaggeessuuf qoratan kun adeemsa cheekliistiitti dhimma bahee jira.Adeemsi kunis fiilmiicha jalqabaa hanga dhumaatti ilaaluun yaadannoo qabachudha.Qoratan kunis fiilmii kana irra deddeebiin ilaaluun yaadannoo qabachaa wantoota fiilmiicha keessatti raawwataman sakatta'uun ilaalaa yaadannoo qabachuun jalqabaa hanga dhumaatti kan qaacceeffamedha.

## 3.5 Mala Qaacceeffama Ragaalee

Fiilmii Amaanaa kanarratti qorannoo yemmuu adeemsifame waraqaa,yaadannoo fi koobbee yookaan qalama qopheeffachuun waldiddaa fiilmii Amaanaa keessatti argamu eenyuufi eenyuu gidduutti yookaan sammuu eenyuu keessatti uumame akkasumas daqiiqa meeqa fi seekoondii meeqaffarratti akka uumame  irraa deddeebi'iin dhageeffachuun barreeffachaa  deemuudhaan boodarra odeeffannoon haala kanaan walitti qabamee qindaa'e haala kanaan akka hiikamu ta'eera.

# BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO QACCEESSUU FI HIIKUU

## 4.1 Gosoota Waldiddaa Fiilmii Amaanaa Tarreessuu

### 4.1.1 Waldiddaa Keessaa

Waldiddaan keessaa kan taatoon sammuu isaa wajjiin wal dhabbii taasisuudha.Kunis kan inni mul'atu yeroo taatoon tokko waan isa mudatee ilaalchiise yaada,fedhii gadda,hawwii,Gammachuu,jibba of keessaa kan qabudha.Kanas yaada isaa waliin gocha tokko rawwachuuf ofiin of mormuu yoo ta'u,fiilmii Amaanaa jedhu kana keessatti waldiddaan kun ni mul'ata.Yaadni fiilmiicha keessa fudhatame akka armaan gaditti dhiyaatera.

Gadaa………Har'as hin dee

Karaatti haftemoo

Moo yaada jijjiirte

Si quba hin qabu anoo

Moo sin eega Waansaa bareen dhiisa anoo 2x(daqiiqa 52:41-53:50)ti.

Walaloon sirbaa fiilmii kana keessatti yeroo Gadaan qofa isaa sammuu isaatin waa'ee jaalallee isaa Boonii yaadate yaada jijjiirate isaa dhiisuu yookaan jibbuu yaada gabbii fi dhiifama qabate deebi'uu ishee murteessuu dadhabe sammuusaa waliin falmii geggeessuu kan agarsiisudha

Gadaa........him beeku an jirtaa kee

Ani na dhibeem waa'een kee

Si toleemoo maalii

Sitti hammate baahanii

Ani quba hin qabu sila

Yoo narraa fagatte oduu hin qabu

Kee hoomaa beeku

Dhufaan jiraame 2x

Qophaan jiraame(daqiiqa 54:38)ti.

Haalummaa wal fakkaatuun waraabbiin armaan olii fiilmii Amaanaa keessa fudhatame bifa walaloo fi sirbaan kan jiru kun waldiddaan waa'ee jiraachuu,/’fayyuu fi fayyuu dhabuu Feenetti Gadaan yeroo qofa isa ta'uu sammuu isaa keessatti yaada lama yeroo tokkootti keessumsisuudha.

### 4.1.2 Waldiddaan Alaa

Waldiddaa alaa jechuun Kan taatoonni lama fi isaa ol ta'an gidduutti kan taasifamudha.

### 4.1.3 Waldiddaa Taatoo fi Taatoon Gidduu

Waldiddaa, fedhi, ilaalcha fi kanneen kana fakkaatan adda adda ta'uudhaan kan walormaan kan uumamuudha.Kunis fiilmii Amaanaa keessatti iddoo hedduutti kan mul'atuudha.Yaada kana ibsuuf waraabbiin fiilmiicha keessa fudhatame akka itti aanuutti dhiyaate jira.

Boonii.......Tolee gooftaa koo ammamoo maaltu si hafeenan

Gadaa: Boonii dubbii hin dogoggooriin yeroo takka na caq-qasi!

Boonii: Ani Booniin waan hundaa ijan argeen jira.Ammaan booda na sobuuf hin yaaliin.

Gadaa: Boonii; jaalala anaaf qabdu hanganummaa jechuudha?

Boonii: Kan bira waan jettu qabdaa?

Gadaa: Hin dogoggooriin si jaallachuurraa darbee,eeyyum-

maan kee,afaan walii dubbachuun,aadaa walii qab- achuun anaaf hiika guddadha kun.Kanaafuu abd-ii sirra hin muru Boonii maloo na dhaggeeffadhu!.

Boonii: Intalattii ishee sana jabeeffadhu!

Intallitti ishee mana keessanii bakka gaarii qopheesseraaf

Waraabbiin fiilmiicha keessa fudhatame kun waldiddaa Boojii fi Gadaa gidduutti raawwatame too ta'u, kunis wall hubanna yaada dhabuutiin kan mul'atudha.Gadaan jaala isheef qabuf jecha

gara man Boonii deemu isheen garuu isaa inni Feeneti dhukkubsate of bira kaa'ee gargaaru akka waan isheen jaalallee isaa taateetti waan yaadef jaalallee ishee kan ture Gadaa waliin waldhabde.

Waldiddaan kan biroon kan gochaan gofan mul'atu,fiilmicha keessa daqiiqa diigdamii afur fi sekoondii soddoma kaasee hangar daqiiqa digdamii torbaa fi sikoondii soddoomii sadeetitti jiru kan bifa fiigichatin kan mul'atudha.Kunis hidhattoota fiilchiicha keessatti hirmaatanii fi Gadaa fi Feeneti gidduutti kan taasifame too ta'u,hidhattoonni ......yeroo ajjeessani Gadaa fi Feeneti gocha ilmaan oromoorratti raawwatamu addunyaatti beeksisuuf vidiyoodhaan utuu waraabani hidhattootan a argamanii hidhaattoonni yeroo isaan qabuf yaalan Gadaa fi Feeneti harkaa kennuu fi kaayyoon isaanii karaatti akka hin hafneef Nara harkaa bahuuf fiigicha eegalan.

Hidhaattoonni had dhiisuu waan hin barbaanneef duuka hero fiigan fedhii Gadaa fi Feeneti gocha haamaa kana addunyaatti beeksisuu yoo ta'u, hidhaattoonni immoo fedhii isaanii wanti kun dhoqate akka hafu waan barbaadaniif waldiddaan kun raawwate.

Anduhalemii:.............(na barree ati kukkute osoon sin gatiin eessa

goote ati?. Eessa goote isaa waraabde natti

himi ? (daqiiqa 28:09-19:15)ti.

Waraabbiin fiilmiicha keessa fudhatame kun waldiddaa Anduhaalemii fi Gadaa gidduutti kan raawwatamedha.Kunis yerooAnduhaalemii Gadaa qabe vidiyoo isaa waraabde sana utuun kukkuute sin gatiin eessa,eessa goote natti himi jedhee Gadaan harkaa isaa ask fi achi raasuun afaan isaan utuu hin dubbatin himu akka hin qabne mallattoon agarsiise.

Feeneeti......... (erga akkas ta'e har'a nattu laaqanaa hojjeta.

Gadaa: Lakkii, lakkii ati waan akkasi yaadu hin qabdu.

Ati dawwaa Lee fudhachuu dhibee keerraa ak-

ka fayyiitu,akkaataa tajaajilu bor yaadu qabda.

Feeneti: lakkii naa dhiisera.

Gadaa: lakkii,lakkii ati waan akkasi hin barbaachiisu yer-

oo qabdutti dawwaa kee fudhachuu,waa'ee fay-

yaa keetti yaadu qofa si barbaachiisa.Dawwaan

kee dawwaa human gaafatu waan ta'eef boqoch-

uutu sirra jira.Tasallee waan dalaga yaadu hin qab

du Amma kate dawwaa kee fudhachuu qabda! Yer-.

oon sitti ga’e.Meeshaa ol hin kaasin nan kaasatti deemi

dawwaa kee fudhadhuu!(daqiiqa 34:32-35:35)ti.

Akka yaada armaan olii irraa hubannuutti,waldiddaa Feeneti Gadaa gidduutti kan adeemsufame yoo ta'u, Gadaan yeroo Feeneti haalli fayyaa ishee foyyaa'ee hojii laaqanaa qopheessuu akka eegaltu isatti himte, inni immoo laaqanaa qopheessuu akka isheen hin qabne fi ammallee kanarraa fayyuun ishee akka mirkaana'uf daawwaa isheef kenname sirriitti fayyadamu akka qabdu gorsuun isaa kan mul'atudha.

Fiilmii kana keessatti waliin dubbii Anduhaalemii fi Feeneti taasisan afaan amarriffaarraa gara afaan oromootti kan hiikame akka asi gadiitti dhiyaatera jira.

Anduhaalemii:........(qeensaa kee sirraa buqqisuu nan dand-

a'a.waanan si jdhee yoo dhaggeesse ut-

uu qaamni kee hin miidhaamiin nagaan

mana ati galta walii galtee filannuu natti himi?.......

sin dhiisu tokkoo tokko miila keettii nan kuta.

Hin dubbatamoo hin dubbatu?amma kanaan

barbaadu was tokkooyyuu miti odeeffannoo

eessa keessani?........na dhaga'aa jirta?(daqiiqa

43:36-46)ti.

Waraabbiin fiilmiichaa keessa fudhatame kan armaan oliirraa kan hubbatamu waldiddaa Anduhaalemii fi Feeneti gidduutti taasifame yoo ta'u,yeroo Anduhaalem bakka Gadaan jiru natti himi jedhee akka isheen itti himtuuf dirqisiisuu fi too itti himte nagaan akka baatu fi too itti himu baatemoo qaama isheef lubbuusheerraa miidhaan qaqqabsiisuu akka danda'u itti dhaadhatu kan mul'atudha.Gama Feenaatin immoo gaaffii inni gaafatef deebii tokkoollee akka hin laanneef callisuu isheetiin waldiddaan kun mul'ata.

Fiilmii kana keessatti waldiddaa Gadaa fi Boombii gidduutti yaadan walitti bulchiinsi uumameera.Haala kanaan ragaan fiilmiicha keessa fudhatame akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Gadaa...........akkam Boonii

Boonii: hiika naaf hin kanatti?

Gadaa...........bilbiiltee turte?hin agarre dhugaa maal taate?

Boonii, boonii tasgabbii dhifama sin jedhe miti.

Boonii: lakkkii natti hin dhiyaatin (sa'ati 1:3-5)ti.

Yaadni armaan olii fiilmii Amaanaa keessatti waldiddaa Gadaa fi Boonii gidduutti taasifame yoo ta'u ,Boonii mana Gadaa dhaqee balbaala yoo rukkuuttu Gadaa James nagaa gaafatu isheen naaf bilbila hin kaaftu jette isaa ifate.Bira dabarte kutaa Feenetti ciistuu seente.Yeroo Feenetin agartuu Gadaan boodedhaan kutichaa ishee duuka seene waa'ee Feeneti hubachiisuu yoo barbaadu maddii isaa keessa kabbaltee baate deemte.Gadaan duuka baa'ee akka isheen tasgabooftuu yaaluus diddee deemtu waldiddaan kun kan mul'atu dha.

Fiilmii Amaanaa kana keessatti waldiddaa Boonii fi Anduhaalemii gidduutti taasifame afaan Amaariffaan kan jiru gara afaan Afaan Oromootti hiikame haala armaan gadiittin dhiyaateera.

Boonii.............mucaatiin eessa jirti?

Anduhaalem: Durumaniyyuu mucaatiin walii galteef malee ergam- tuu turte.

Boonii: mucaati na bira fidaan isin jedhee malee fuudha deem-an jedhee?

Anduhaalem: Isaa dhiisitti Gadaa kan jedhamu yoo natti himte muc- aatin bakka isheen jirtu sittiin hima.Kanaaf walii gala?

Boonii:..............wanta hundummaa pooliisootattin hima.

Anduhaalem: erga akkas ta'e wanticha keessa harkaa qabachuu kee beeku.Kanaafuu wantoota gara meetii naannees- sirreessuu jechuudha.Yeroo sana kiyyichaa keessa kan- galuu waliin argina jedhee bakka waliin taa'anitti Boonii dhiise deeme.(sa'ati 1:6-1:7:15)ti.

Waraabbiin armaan kun fiilmiicha keessatti Anduhaalem fi Boonii gidduutti waldiddaa uumame kan agarsiisuudha.Kunis Booniin Feeneti eessa akka jirtu yeroo isaa gaafatu inni immoo dhiisi lafa Gadaan jiru natti himi jedhe.Isheen immoo erga akkas ta'e gocha hundaasayyuu pooliisootattin hima yeroo ittiin jettu,waan jedhu dhabee dhiise sokkuu waldiddaan gidduu isaaniiti kan mul'atedha.

Haaluma kanaan wal fakkaatun waldiddaan Anduhaalemi fi Gadaa Afaan Amariffaarraa gara Afaan Oromootti hiikame haala armaan gadiittin dhiyaateera.

Anduhaalemi:......( odeeffannoo harkaa keerra jiru na laafaa? )........ibiddaa bob- ba'aa keessa bahuudha.Bobbaa kee jala bahee nagaa si dhow- wata.Kanaaf ibidda sana dhamsuuf kan kaatani jirraa jirraa kan jettani isiniidha.Gatii keessani yeroo isinif laanu isinf gala.Eeny- urraa jalqabnu?. Odeeffannoon barbaada ;sanyii kee hunduma naan buqqisa,duraa keen si yaachiisa,rasasa sitti hin dhukaasu, dafes sin balleessu,si dhiphiiseetti kanaan si fixxu.Natti himi essa akka jiru natti himi?.Natti himtamoo natti hin himte?.

(sa'ati 1:11:03-1:12:55)ti.

Akka waraabbii armaan olii irraa kan hubannuutti Anduhaalemi fi Gadaa gidduutti waldiddaa uumame kan mul'isuudha. Waldiddaan kunis yeroo Anduhaalemi Odeeffannoo harkaa keerraa jiru naaf kenni jedhee yeroo inni gaafatu ;inni immoo jala dubbachuu kan diddee yoo ta'u , Anduhaalemi sanyii kee hunduma,sinis si dhiphiiseetti yommuu jedhu Gadaan jala dubbachuu diddee.kanaaf waldiddaan gidduusaanitti mul'ate.

Dabalataanis waldiddaa Anduhaalemi fi Gadaa Afaan Amariffaarraa gara Afaan Oromootti kan hiikame ragaan fiilmiicha haala armaan gadiin dhiyaateera.

Anduhaalemi:..........(itti fufi xumurtee?)... odeeffannoo jechuun kana

jechuudha.Shugguxiin meeshaa sodattootatti siif

waan sittiin agarsiisa.Sichii yoo harkaa yoo hafte

kukkuutteen si fixxa. Firootaan keetti ni himta.

Yoo hin taane immoo kitaaba samiirratti yaadata

Dhiibba'ummmaan maal akka ta'e sittiin agarsiisa

Mee natti himi eessa buuftee?.

Gadaa................. …kaaseetichaa naan ilaala ishee hin tuqiin,isheeti, isheeti hin bu'iin.Ana bira jira.

Anduhaalemi: nan beeka.lamaan keessan gadii dhiifna eessa akka jiru natti himi?.

Gadaa: kaaseetichaa hin barbaada?

Anduhaalem: eeyyee

Gadaa: sin kennuu.

Anduhaalemi: Amman deebi'e isin murteessutti asumatti na eegdu(1:18:118-1:20:20)ti.

Akka waraabbii armaan oli irraa hubannuutti Anduhaalemii fi Gadaa gidduutti waldiddaan kan uumame yoo ta'u,hiriyoota kenni yoo jedhu Gadaan immoo Feeneti hin tuqiin jedhee hiriyoota siif hin kennu yommu jedhu Anduhaalemiin ammaan deebi'e dhufee murteessutti jedhee hidhaa keessatti dhiisee deeme.Kanaaf waldiddaan gidduu isaatti mul'ate.

### 4.2 Bu'uura Waldiddaa Fiilmii Amaanaa

Barreessaan fiilmii tokko barreessuun dura maal bu'uureffame akka barreessuu barbaade qabachuu qaba.Kanaaf Barreessaan fiilmii Amaanaas Kan inni ka'umsa godhate barreesse inni ijoon dhimma siyaasati.Siyaasa keessatti waldiddaan wantoota garagaraa irraa uumamu danda'a.Isaaniis: kanneen akka ofiitummaa, iccitii, abdii gara jabummaan mul'ata.Kunis fiilmiicha keessa iddoo baay'etti haa argamu malee lafa inni kallattii n ba'ee mul'atu fiilmii keessa akka armaan gadiitti fudhatameera.

#### 4.2.1 Ofitummaa

Oftimummaa jechuun waan kammiyyuu KanKoo ha ta’u malee Nama biraf akka hin taaneefi mata ofii qofa yaadudha.Waraabbiin fiilmiicha keessa fudhatamees akka armaan gadiitti dhiyaatera.

Barii..........garuu ilmii nama humnoonni irratti ilaal-

achuun dantaa mataa ofii moo'achuuuf

jecha bilisumma dhuunfaa fi namoota

biroo kutachuudha.Bara jireenya keessatti

aduun akka waan eegama Siyaasa qabate

dhufeetti sammuu namaatti gadii siqxee

qaama nama baqaqsiite dhangala'aa ta'e

qaama nama dhiiqa(daqiiqaa 3:30-4:05)

Yaada kanarraa kana hubannu Bariin yeroo mana hidhaa keessa jiru ofiin dubbiidhaan hacuuccaa humnoonni dantaa mata isaanii eeggachuuf bilisumma namoota biroo sarbaan ibsuuf jechaa

cunqursaa ummata oromoorratti raawwatamu kana ho'a aduu humnaa ol miidhaa qaama nama miidhuutti fakkeesse barreessaan kun dhimma itti bahuudhaan siyaasa ibseera jira.

Waldiddaan kan biroon Boonii fi Gadaan fiilmii kana keessatti jaalallee walii yoo ta'an,walitti bu'iinsi gidduu isaaniiti uumameera.Haalummaa kanaan ragaan fiilmiicha keessa fudhatamee akka armaan gaditti dhiyaateera.

Boonii......tolee gooftaa koo ammamoo maaltu si hafenan dhufte?

Gadaa: Boonii hin dogoggorrin yeroo takka namni caqasi?

Boonii: Ani Booniin waan hundaa ijaan argeen jira.Amman

booda na sobuuf hin yaaliin.

Gadaa: Boonii jaalala ati naaf qabdu hanganuma jechuudha?

Boonii: Kan bira waan jettu qabda?

Gadaa: Hin dogoggorriin si jaallachurra darbe eenyummaan

ke,walii dubbachuun,aadaa walii qabachuun anaaf

hiika guddaadha kun.Kanaafuu abdii sirra hin muru

Boonii maloo naa dhaggeeffadhu!

Boonii: Intalattii ishee sana jabeessuu!

Intallitti ishee mana keessanii bakka gaarii qopheesser-aaf(13:55:55)ti.

Yaanni oli kan ibsuu Ofitummaa Booniin waa'ee gargarsaa Gadaan Feenetiuf godhee inaaffuu irraa kan kaa'e waldiddaan akka uummamu ta'e jira.Kunis Boonii fi Gadaa gidduutti wal hubachuu dadhabuu uumeera.

### 4.2.2 Iccitii

Dhimma dhoksaa dhimmaa dhuunfaafi garee namoota gidduu jiru akka hin himamnee kan barbaadamedha.Yaadi fiilmiicha keessa fudhatames Afaan Amarriffaarra gara Afaan oromootti jijjiirame akka armaan gadiitti dhiyaatera.

Anduhaalemi......naan bare ati kukkuten utuu sin gatiin

eessa gote? isa waraabde natti himi?

Waraabbiin armaan olii kun Anduhaalemiin vidiyoo waraabde eessa keesse fidu yeroo Barii gaafatu waldiddaan kun uumame.Sababni isaas wanta kana namni tokko dhagahu akka hin qabneef Bariin akka kennuuf isa dirqisiisuu mul'ata.

Boonii............(mucaatti na bira) fidan isinin jedhee malee fuudh-aa deeman jedhee?

Anduhaalemi.......(isaa dhiisitti ) Gadaan kan jedhamu yoo natti himte mucaati bakka isheen jirtu sit-tin hima kanaaf walii gala?

Boonii: Gadaa erga akkas ta'e wanta hundumaasa pooliisoot- attin hima(sa’a 1:06-55)ti.

Yanni armaan olii fiilmiicha keessa fudhatame kun immoo Anduhaalemi iccitiin isaa akka hin mul'ane kan barbaadu yoo ta'u Booniin garuu lafa Fee etti jirtu yoo isaa gaafatu inni immoo dabaleeyyuu Gadaa qabuuf lafa inni jiru Boonii gaafate.Haa ta'u malee Booniin Gadaa qabamu isaa waan hin barbaanneef gocha keessan durayyuu pooliisootatiin hima jette waldiddaa uumte.

**4.2.3 Abdii**

Siyaasa keessatti gareen tokko olaantummaan qabaachuun garee isaa gadi jiru yoo hacuucceeyyuu gareen hacuccame kun hacuuccaa jala bahuuf yoo tattafate walabummaa akka gonfatu in abdata.Fiilmii kana keessatti gareen hacuccame abdii qabachuu isa kan agarsiisu akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Barii:.........( bara milkii Waaqni caamsatin baate )......roobuf akka sa'a

dorrobuuti caamsaadhaan dummeessa'e samii gurraches-

see lafaan gahuuf sagalee giggigsa itti dhaabe;roobni roob-

uf mammandi'ee qilleensaa fi bubbee obonboleettii jala

dhahee ijan warra abdiin eega ture itti mul'ate darbe(daq-

iiqa 3:30-4:05)ti

Yaada armaan olii kana keessatti Bariin haala siyaasa keessatti miidhama mana hidhaa keessatti isaarra gahee fi sabaa isaa akkasumas jaallan qabsoo irraa gaheef qabsoon cimaa yoo deemu akka waan bilisummaan dhiyaatetti yoo qabsoon laafee immoo boriif immoo abdii kutuu akka hin qabne rooba bokkaan fi qilleensa bokkaa sana dabarsuuf yaalu waliin wal qabsiise ofiin dubbiidhaan fulduraaf abdiin akka jiru raaguu isa hubanna.

### 4.2.4 Gara jabbina

Fiilmii kana keessatti qaamni tokko qaama biroo irratti sodaa tokko malee gara jabbina miidhaa kan irraan gahuudha.Fiilmiicha keessa yaadni fudhatame Afaan Amariffarraa gara Afaan oromootti hiikame akka asii gadiitti dhiyaatera.

Anduhalemi..........utuu dubbate si wayyu? Takilee gara sana

fuudhaa deema! atis,atis,atis,arfaan

keessan wal faana al tokko hanga itti dhuuk-

saa mataasatti dhuukasa!(24:02-19)ti.

Waraabbiin kun immoo gocha gara jabbina hidhattoonni Feenan irratti raawwatan kan agarsiisu yoo ta'u,gochi kun sababa siyaasan wal qabate haala barattoonni oromoo keessa turan kan agarsiisuudha.

Kana malees, Anduhaalemi gocha haamaa Feeneti irratti raawwate ragaan fiilmiicha keessa fudhatame haala armaan gadiitti dhiyaateera.

Anduhaalemi: ......(utuun qeensa kee sitti hin buqqisiuu nan dand-

a'a...)....tokko tokko miila keetti nan kuta.Hin

dhagahama?.Ani hojii koo dhiiseen dhufe gaar-

iidha.Na dhaggeesse miila kee sirra kutaa hin-

dubbatanii hin dubbatu?(daqiiqa 43:46)ti

Yaada armaan olii irraa kan arginu Feeneti bakka Gadaan jiru fi vidiyoo gaafa baratan ajjeessan waraabbanii akka isheen himtuuf hidhee qaama isheerraa dhiiga loolaasa,dararudhaan qeensa

ishee buqqisuun akka isheen amantii gochuudhaaf gocha Anduhaalemi irratti raawwate kan agarsiisudha.

## 4.3 Waldiddaa Fiilmii Amaanaa Haala Qabatamaa Hawaasaan

Waldiddaan fiilmii Amaanaa haala qabatamaa hawaasan kanin of keessatti hammatu gama gargaarsan,gootumaa, ilaalcha fi gabbii of keessa kan qabudha.

### 4.3.1 Wal-gargaarsa

Dhalli nama jiruufi jireenya isa keessatti rakkoo walii isaa mudate fi akkasumas hojiiwwan adda addaa hojjachuun wal gargaarun beekama.Yaadni fiilmii Amaanaa keessa fudhatame akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Feeneti:.......ati hojii hin deemtu hoo?

Gadaa: Har'a dalagaa boqonnaan fudheetin jira.

Feeneti: Erga akkas ta'e har'a nattu laaqanaa hoj-jeta.

Gadaa: Lakkii,lakkii ati waa'ee laaqanaa yaadu

hin qabdu.Ati dawwaa kee fudhachuu

dhibee keerra akka fayyitu,akkaata bor-

tajaajiluu bira yaadu qabda(daqiiqaa 34:27-45 )ti

Waraabbii armaan olii irraa kan hubbannutti,Gadaan yeroo Feeneti dhukkubsatu dhukkuba ishee keessatti Gadaan ofii isaati nyaata hojjete akkasumas hojii akka isheen hin hojjennee fi dawwaa isheef barbaachisu qofa akka fudhatuu godhee wantoota hundaa ofii isaatin utuu hojjetettu kan agarsiisudha.Kanaas addunyaa dhugaa keessatti yemmuu ilaaluu dhallotta nama rakkoo isaa qaqqabee keessatti akka wal gargaaru dhugaa qabatama hawaasa keessatti argamudha.Kanaaf waldiddaan asitti uumame haala qabatama hawaasaan yemmuu ilaaluu wal-gargaarsa mul'ata.

### 4.3.2 Gootummaa

Adeemsa jiruu fi jireenya keessatti gareen tokko garee bira miidhee olaantummaa irratti argate waa'ee gootummaa isaa kan dhadhaatu kan mul'atu dha.Yaadni fiilmiicha keessa fudhatame akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Anduhaalemi……….(nan bare ati kukkute utuun si gatin eessa

gotee)….isa waraabde natti himi?.Eessa akka jiru

kana miti warra kammiyyuu narkaa hin baatu

abbee.lubbu keen si dhabsiisa natti himi?(daqiiqa,28:019…)

Yaadni waarabbii olii keessatti kan hubannu Anduhaalemi yeroo barattoota oromoo bosona keessatti reeba ture yeroo Birraan waraaba ture argani yeroo hidhattoonnifi Anduhaalemi duuka fiigan Anduhaalemi Birraa qabe kana miti kammiyyuu narkaa hin baatu jedhee yemmuu inni gootummaa isa dhadhaatu kan agarsiisudha.Kanaaf waididdaan asitti uumame kun haala hawaasummaan yoo ilaaluu gootummaa mul'isa.

### 4.3.3 Ilaalcha

Ilaalchi qaamni tokko qaama bira irraa caalchiise tokko immoo gadii buuse kan ilaaludha.Yaadni fiilmiicha keessa fudhatame haala armaan gadiin dhiyaatera.

Anduhaalemi…….(…sif mucaatidha kan dubbicha jeeqa ture)

….oromoo oromoo jettani natti himi?  Si'i

hasoofsisan jira miti maal waliin jettani?

Sammuu kee utuu hin babaqaqsiin natti

Natti himi waan jettan?

Yaada olii kanarraa kan hubannu Birraafi Feenetti yeroo barattoonni oromoo bosona keessatti reebaman vidiyoo waraabbani Birraan Feeneetin waan barattoonni oromoo itti jirtu addunyaatti nu beeksiise jedhe fiigicha eegalu Anduhaalemi ajaja warannan qabame.Ajajaan wararanna Aduhaalemi oromoo oromoo maaliif jettani jedhee Birraa yoo gaafatu jala didde.Sababni isaas iccitii jiru yoo itti hime ilaalcha gaarii waan isaaf hin qabnef jala dubbachuu didde.Kanaas waldiddaa uumame kana haala qabatama hawaasaan yemmuu ilaaluu garaagarummaan ilaalcha akka jiru kan mul'isudha.

### 4.3.4 Gaabbii

Haala jiruufi jireenyaa keessatti dhuunfaanis ta’e gareen waan hojjetan tokkootti firiin wanta hojjetame sun waan gaarii yoo ta’u didde kan mul’atudha. Yaadni fiilmiicha keessa fudhatames akka armaan gadiitti dhiyaatera.

Booniin jaalallee ishee Gadaa waliin wal dhabdeef karaa ittiin

Gadaafi Feeneetin miidhaa irraan ga’uf yaaltu ajaja waranna

kan ta’e Anduhaalemitti suuraa Feeneeti itti laate.Anduhaalemis

waa’ee vidiyoo waraabamef jecha Feeneetif Gadaa irraan-

miidhaa haamaa geessise(aqiiqa 52:41-53:53)ti.

Yaada kanarraa kan hubannuu,Booniin miidhaa Gadaafi Feeneetii irraa ga’eef waldiddaa sammuu ishee waliin taasiifte.Waldiddaan kunis utuu iccitii jiru kana itti himu dhiiseera ta’e miidhaan kun irraa hin ga’u ture jette lafa gangalate akkasumas mataa ishee ofirraatti diigdee kan agarsiisudha.Kanaaf waldiddaa armaan olitti taasifame kana haala qabatama hawaasaan yemmuu ilaaluu gabbii kan mul’isudha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

## 5.1 Cuunfaa

Waldiddaan walitti bu'iinsa yookaan walii galtee namoota gidduudha dhabamuu jechuudha.Akkasumaas waldiddaan ijaarsa seenaa keessatti wal mormii taatoo gidduutti uumamuu fi dagaaginaa seenaan gara fulduraaf bu'aa guddaa kan buusuudha.Qorannoon kunis qaacceessaa waldiddaa fiilmii Amaanaa irratti kan xiyyeeffatedha.

Waldiddaan bakka lamati qoodama.Isaaniis:waldiddaa keessaafi waldiddaa alaati.Waldiddaan keesssaa kan taatoon sammuu isa keessatti waldiddaa uumuu yoo ta'u,waldiddaaan alaa immoo kan taatoo lamafi isaa ol gidduutti walitti bu'iinsi kan uumamuudha.

Kanaaf waldiddaan alaa kannin of keessa qabu;waldiddaa taatoofi taatoo gidduu,waldiddaa taatoon sammuu isaan taasisuu fi waldiddaa taatoofi uumama gidduutti taasisu kan of keessa qabudha.

## 5.2Argannoo

Qorannoo gaggeeffameen qorannoon kun bu'aa argamsiise jira.Kanuma irraa kaa'uun gaaffiilee ka'umsa qorannoo keessatti kaa'an deebii argatanii jiri.Isaaniis:fiilmii Amaanaa waldiddaa inni of keessa qabu gosoota waldiddaa fiilmiicha keessatti ibsame jira.

Akkasumas bu'uurri waldiddaa fiilmii Amaanaa maalii kan jedhuuf deebii argateera.Innis fiilmiin Amaanaa kun bu'uurri isaa siyaasa yoo ta'u,siyaasa bu'uura godhachuun ofitummaa,iccitii,abdii,fi gara jabbina kan of keessa qabudha.Dabalatanis waldiddaan fiilmii Amaanaa haalaa qabatama hawaasaan kannin ibsuu wal gargaarsa,gootummaa,ilaalchafi gabbii ofii keessa qabachuun isaa qoratan kun bira ga'eera.Akka armaan gadiitti dhiyeesseera.

- ❖ Fiilmiin dhugaa jiru hawaasni Oromoo akka hubattuuttifiilmiin Amaanaa kun afaan sadiin isaa hojjetame hawaasa keessa jiru gara afaan oromootti guutummaan guutuutti jijjiirame osoo hojjetame gaarii ta'a.
- ❖ Fiilmiin Amaanaa kun dhiibbaa sirnoonni darban ummata oromoo irraan ga'a turan waan ibsuuf osoo gara barreeffamatti jijjiirame dhaloota dhufuuf ta'e gaarii ni ta'a.

Fiilmiin Amaanaa kun dhugaa qabatama hawaasaa waan ibsuuf gara asoosamaatti jijjiirame osoo barreeffame maxxanfame gaarii ture.

## 5.3 Yaboo

Qorannoo kana keessatti qoratan waldiddaa fiilmii Amaanaa kanaaf furmaata ni ta’a kan jedhu akka armaan gadiitti dhiyeesseera.

- Fiilmiin dhugaa jiru hawaasni Oromoo akka hubattuuttifiilmiin Amaanaa kun afaan sadiin isaa hojjetame hawaasa keessa jiru gara afaan oromootti guutummaan guutuutti jijjiirame osoo hojjetame gaarii ta’a.
- Fiilmiin Amaanaa kun dhiibbaa sirnoonni darban ummata oromoo irraan ga’a turan waan ibsuuf osoo gara barreeffamatti jijjiirame dhaloota dhufuuf ta’e gaarii ni ta’a.
- Fiilmiin Amaanaa kun dhugaa qabatama hawaasaa waan ibsuuf gara asoosamaatti jijjiirame osoo barreeffame maxxanfame gaarii ture.

**Wabiilee**

AsafaaTafarraa.(2009).Eela:Seenaa Oguma oromoo.Finfinnee.Far East Tradit.Plc.

Berhanu Matthews .(2013).*Fundamentals of literature*.3rd Edition. Addis Ababa: Alpha Printers

Fedhasaa Taddaasa.(2013).Subii: Yandoo bu’uuraalee Ogbarruu.Finfinnee.Subi Printing Pressss

Magarsaa Taddaasa,Taganyee Tashaalafi Hundeessaa Kulaa.(2009).Qaacceessa Ergaa Fiilmii

Melakneh Mangistuu.(2006). Fundamentals Of Literature**.**AddisAbeba: Comarcial Printing Press.

____________________.(2012). Guuboo Seenaa**.** Finfinnee: Subi Printing Press.

Misgaanuu Gulummaa. (2012).Yandoo: Ogummaafi Ogwalaloo Oromoo. Finfinnee: Oromiyaa.

____________________.(2012). Guuboo Seenaa**.** Finfinnee: Subi Printing Press.

Misgaanuu Gulummaa.(2012). Yandoo**:**Ogummaafi Ogwalaloo Oromoo.Finfinnee,Oromiyaaa

Eelaa Yuunivarsiitii Amboo.kan hin maxxanfame.

Rabbirraa Tarrafaa. (2009). Gadaa: Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee, Itoophiyaa

Shukaree Bultii.(2010).Qaacceessa Jaargocha fiilmii Eelaa Yuunivarsiitii mattuu kan hin max-

Zariihun Asfaaw.(2009). *Ye sinatsihuf Mamriya*. Addis Ababa : benigdi matamiyaa dirijit tatama

Geetachoo Rabbiirraa. (2008). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo.* Finfinnee: Kuraz International.

Wasanee Bashaa.(2008). Bantuu Haaraa. Finfinnee: Emay Priners.

## Waraqaa  Mirkaneffannaa

Ani qorataan maqaa fi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta’uu ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta’uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa .

**Maqaa Qorata**a;______________________________________________________

Mallattoo______________________________

Guyyaa________________________________

**Maqaa Gorsaa** ______________________________________________________

Mallattoo________________________________

Guyyaa_________________________________